

HIV waliin jiraachuu dandeessu

Tajaajilawwan kan SAYFSM, qajeelfamaa fi abdi akka argattaniif isin gargaaru.

Sagantaawwanii fi tajaajilaawwan kunneen SAYFSM –tti isiniif argamu:

- Afriikaanota HIV waliin jiraataniif gumii deggersaa miiraa fi kan hafuura
- Gorsaa fi Qorannoo HIV
- Barnoota ittisa HIV/AIDS
- HIV posatiivii warra ta'aniif kan kennamu gidduu seenuu kan dhibee ittisuu fi barumsa fayyaa
- Aadaa fi afaaniin kan wal qabatan meeshaalee barnootaa
- To'annoo dhimma fayyaa
- Abukaatoo kan yaalii fayyaa
- Gorsa Fayyummaa Sannuu

Mana jireenyaatiif, miindeffamuudhaaf, deggersa hawaasaatiif, dulaaba soorataatiif, uffannaadhaaf, barnootaaf, seeraaf, meeshaalee mana keessaatiif, akkasumas fedhiwwan kan biroof kan oolan, maddaa fi refiraala.

Qorannoo Fayyaa Taasisaa!

Qorannoon hundinuu fi tajaajilawwan wal fakkaatoo ta'an kaffaltii kan hin qabnee fi waajjira SAYFSM kanatti kan kennamanii dha.

SAYFSM kun karaa miseensa hojjetoota sirriitti leenjifamanii fi waraqaa ragaa qabaniitiin kan geggeeffamu meeshaa qorannoo HIV sadarkaa isaa eegalee taasisa.

Beellama qabachuudhaaf gara SAYFSM –tti bilbiluudhaan miseensa hojjetootaa waliin haasa'aa.

Bahiin qorannoowwanii daqiiqaa 15 keessatti



Teessoon Keenya:

SAYFSM
2395 University Avenue, #200,
St. Paul, MN 55114

Lakkoofsa Bilbilaa: (651) 644-3983
E-meeyilii: info@sayfsm.org
Marsariitii: www.sayfsm.org

KENNAAWWAN ADDAA GAMMACHUUDHAAN KEESSUMMEEFFAMU!

Eeyyee! SAYFSM kanaaf kennuu nan barbaada:
___\$25 ___\$10 ___\$5 ___kan biraa

Maaloo, kennaa keessan gara kanatti ergaa:

SAYFSM
2395 University Avenue W, #200
St. Paul, MN 55114

Buufata Qorannoo HIV kan TOLAA

SAYFSM ----- 651-644-3983


JustUS Health ----- 612-341-2060

Red Door ----- 612-543-5555


Tajaajilawwan akka aadaatti Sirrii ta'an dhiheessuu



Minnesota keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afriikaanotaa (SAYFSM), Afriikaanota Minnesotaa keessa jiraatan hundumaaf, miira aadaa fi afaaniifis mijataa ta'een barnoota HIV/AIDS fi tajaajilawwan hawaasummaa kenna.



Mbiu



A newsletter of SAYFSM

Issue 14/Ebla (April) 2021


St. Paul, MN

651-644-3983

www.sayfsm.org

info@sayfsm.org

Dhaamsa Hawaasichaa



Muummee Hawaasa Ertiraa kan Minnesota, St. Paul,

Muummeen Hawaasa Ertiraa kan Minnesotaa (ECCM) kan inni hundeeffame jalqaba bara 1980 keessa. Lammii Ertiraa kan biyya Minnesotaa keessa jiran tajaajiluuf dhaabbata warra Ertiraatiin hundeeffamee dha. ECCM kun dhimma fayyummaa qaamaa fi sammuu, kunuunsa ijoollee, dhimma mana keessaa, kunuunsa kan dhuunfaa dabalatee waa'ee gorsa hawaasaa fi kan aadaa miseensa keenyaaf deggersa dhuunfaa fi kan meeshaalee, odeeffannoo, beekumsaa, qajeelfamaa, fi leenjii kennuu irratti hojjeta. Kana waan ta'eef, ECCM shariikota keenya waliin ta'uun waa'ee HIV/AIDS naannoo keenya keessa jiraachuu isaatii fi tatamsa'uu isaatii miseensota keenya barsiisuuf hojjechaa tureera.

Yeroo COVID-19 fi haala jireenyaa kan "idilee haaraa" kanatti miseensonni keenya waa'ee STD fi addumaan ammoo waa'ee tatamsa'ina HIV/AIDS irratti barsiisa laachuuf isaan gurmeessuu akka salphaatti haasa'uun xiqqoo rakkisaa ta'eera. Haata'uyyuu malee, odeeffannoo nana gara miseensota keenyaatti fiduun barbaachisaa waan ta'eef, barumsa waa'ee dhukkuboota Walquunnamtii Saalaatiin Daddarbanii (STD), kan COVID-19 wajjin wal qixa kennineerra.

Hawaasni keenya yeroo tokko tokko dhukkubaaf saaxilamuu akka dadhabinaatti kan ilaalu, hawaasa dhiheenyaa qabuu fi kan ofiisaa eeggatuu dha. Ertiraa keessatti waa'ee dhibeen STD jiraachuu isaatii hawaasa keenya barsiisuu, quunnamtii saalaa fayyaalessa akka raawwatani fi saalquunnamtii raawwachuu irraa of qabuu, akkasumas yeroo dhibee kanaan qabamanittis fedhii yaalama barbaaduu ilaalchisee karaa hedduu dhiheessineeraaf. Kan nama ajaayibu, seenaan milkoominaa kan biyya Ertraa keessa jiru, diyaaspoora Ertiraa gidduutti bifa wal fakkaataadhaan hin hiikamne. Dargaggoonni keenya, amala maal na dhibdee hawaasummaa isaaniitiin, qajeelfamoota quunnamtii saalaa kan fayyaalessa ta'ee fi fageenya hawaasummaa hin kabajan. Dhukkubaaf yeroo saaxilamanitti, ofii isaanii adda baasuu ykn fagaachuu filatu..

Adda baafamuu sodaachuun gargaarsa akka isaan hin gaafanne taasisa. Dhibeen kun isaan qofaa irratti osoo hin taanee, maatii isaanii irrattis yeella'uu akka fidutu isaanitti dhagahama.

HIV/AIDS ilaalchisee addummaan ammoo adda baafamuu balaaleffachuuf hubannaa hawaasichaa gabbisuu ilaalchisee jijjiirama agarsiisuu kan eeggalle yoo ta'e illee ammallee taanaan hojiin hojjetamuu qaban hedduutu jiru. Namoota HIV/AIDS waliin jiraatanii fi maatii isaanii irratti dhiibbaan hawaasummaa keessaa addaan bafamuu fi ilaalchi nama wal caalchisu kan babal'ate yoo ta'u, inni kun ammoo namoonni akka isaan sabaatti gad hin baanee fi muuxannoo isaanii hin qoodneef dhiibbaa taasisa..

“Maatiin keessan isin bardaadu; Hawaasni keessan isin barbaada, akkasumas, biyyi keessan illee isin barbaaddi. Qoratamaatii tumsa barbaachisaa ta’e argadhaa!”

Muummeen Hawaasa Ertiraa Minnesotaa ofii keessanii fi namoota jaallattan dhibee COVID-19 fi HIV/AIDS irraa akka eegdaniif cimseetu gorsa. Lubbuu keessanii fi jireenyi namoota isin jaallattanii mi'aa akka ta'e ni hubattu jenneetu abdanna. Kanaafuu, HIV qabaachuu keessan yoo shakkitan deemtanii ilaalamuudhaan ogeessota gahumsa ga'aa qaban irraa gorsa gaafadhaa.

Akka carraa ta'ee buufanni qorannoo tolaa kan HIV ni jiru. Odeeffannoo isaa waajjira keenyaa ykn SAYFSM irraa argachuu dandeessu. Ogeessonni fayyaa walitti fufiinsaan qorannoo HIV akka taasisaniif ni gorsu. kanaafuu, walitti fufiinsaan adaa qorannoo taasisuu haa qabaannu.

HIV/AIDS ykn dhibee kan biroon kam iyyuu isiniin ibsuu hin danda'u. Qoratamuuf dursa erga kennitaniin booda qofaa yaalii sirrii ta'e waliin jireenya idilee guutuu ta'e jiraachuu dandeessu. Maatiin keessan isin bardaadu; hawaasni keessan isin barbaada, akkasumas, biyyi keessan illee isin barbaaddi. Qoratamaatii tumsa barbaachisaa ta'e argadhaa!

Muummee Hawaasa Ertiraa kan Minnesota (ECCM), Minnesotaa keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afriikaanotaa (SAYFSM) waliin dhimma

HIV/AIDS fi dhibee daddarbaa Saalaa (STI) kan biroo ilaalchisee hubannoo uumuuf jecha shariikummaa uuman. Haaluma kana irratti hundaa'uudhaan, ECCM kun ka'umsa HIV/AIDS fi dhibee ATI kan biroo ilaalchisee hawaasa Ertiraatiif aadaa fi afaan isaanii waliin kan wal simatu barnoota waa'ee fayyummaa karaa miidiyaa hawaasaa fi raadiyoo hawaasichaatiin kennaa tureera..

Ruth Ogbaselassie, Hoji adeemsiftuu Muumnee Hawaasa Ertiraa kan Minnesotaatiin kan dhiyaate.



Namoota HIV waliin jiraatan osoo hin taanee, HIV haa Balaaleffannu

Namoonni HIV waliin jiraachuu isaanii beekuu hin barbaadan , sababiin isaas maatii fi hawaasni isaan keessa jiraatan akka isaan hin jibbineef (judge), akkasumas addaan isaan hin baafneef sodaa waan qabaniif. HIV/AIDS kan qaban yoo ta'e illee, namni hundinuu, yeroo hundumaa akka isaan jaallatuu fi akka isaan deggeru beekuu qabu.

Vaayirasiin AIDS fidu tuttuqqaadhaan, gororaan, imimmaaniin, haxxiffannaadhaan, qufaadhaan, ykn tuttuqqa salphaa ta'e kamiin iyyuu hin faca'u. Vaayirasiin HIV harka caalmaadhaan kan inni daddarbu, karaa dhangala'aa qaama hormaata dhiiraa, dhangala'aa qaama hormaata dhalaa, dhangala'aa munnee, dhiiga, ykn aannan harmaa kan nama vaayirasii HIV posatiiv

HIV 101

Without treatment, HIV (human immunodeficiency virus) can make a person very sick and even cause death. Learning the basics about HIV can keep you healthy and prevent transmission.

HIV CAN BE TRANSMITTED BY

- Sexual contact
- Sharing needles to inject drugs
- Mother to baby during pregnancy, birth, or breastfeeding

HIV IS NOT TRANSMITTED BY

- Air or water
- Saliva, sweat, tears, or closed-mouth kissing
- Insects or pets
- Sharing toilets, food, or drinks

PROTECT YOURSELF FROM HIV

- Get tested at least once, or more often if you are at risk.
- Use condoms the right way every time you have anal or vaginal sex.
- Use activities with little to no risk like oral sex.
- Don't inject drugs, or if you do, don't share needles, syringes, or other drug injection equipment.
- If you are at risk for HIV, ask your health care provider if pre-exposure prophylaxis (PrEP) is right for you.
- If you think you have been exposed to HIV within the last three days, ask a health care provider about post-exposure prophylaxis (PEP) right away. PEP can prevent HIV, but it must be started within 72 hours.
- Get tested and treated for other STDs.

KEEP YOURSELF HEALTHY AND PROTECT OTHERS IF YOU HAVE HIV

- Find HIV care. It can keep you healthy and help reduce the risk of transmitting HIV to others.
- Take your HIV medicine as prescribed.
- Stay in HIV care.
- Tell your sex or injection partners that you have HIV.
- Use condoms every time you have sex, and talk to your partners about PrEP.
- Get tested and treated for other STDs.

For more information please visit www.cdc.gov/hiv

